Ijaarsa/haala Akka Gaaritti Hojjatuu Ijaaru

Mataa Dub'i

Biyya tana keessati Maneen Barmoots Siyaatil Sabaa bulchaa beekkame tayuu dhaf kurfaaye jira, haatayuu ijjaarsi lafaa qabnu, haala itti hojjanuuf teknolojiin qanu, akka birxa bayuu hindandeenu gufuu nutti tayii jiran. Gargaarsa cimaa maneen barmoota bulchaa dhatiif kennuu dhaf haala itti hojjanu jabeesuu qana. Sistamni itti hojjanu sistama nmuu dhimma itti bayuu dandayu ka daataa dandeeti dhaaf hujjii baratootaa laalchisee deebii kennuuf hujjii bulchaa keessati banaa tayan laaluu dhaaf maqaa galfatuun laafuu, fi meeshan horii baafnu itti tooyatuu dandeenu karaa gaarii tayeen haala barbaanun nuu hojjatuu qaba.

Tooyanaa barbaachisaa taye godhuu dhan teknoologiin qabnu sagantaa fi horii bayu, akka Maneen Barmoota Siyaatil bulchaa hujjii cimaa irratti xiyeefatan gargaarsa cimaa taye baratootaa dhiyeesan gargarsa godhuu qaba.

Waan/Haala Furaa Tayanii Argaman

Bara kana haala adda addaa irratti hundooyna.

Haala Hojjatoota Itti Qaxaru Woyeesuu – Bulchaa olaa keenna jira caalaa Maneen Barmoota Siyaatil hojjatoota qaxaruu laalchisee duubati harkifataa dha, fi tooftan nu hordofnu akka ba'a ulfaata dha. Kanaaf barsiiftonii cicimoon bulchaa biro, wara kontraata dafanii isaani kennu dandayan bira dhaqan. Akka nulee hojjatoota cicimoo iraa filatuu dandeenuf, tooftaa barsiiftota itti qaxaruu dandeenu, (yaada barsiiftota, itti gaafatmtoota fi hojjatoota kaawan) iraa fudhatuu dhan yeroo gabaabaa tayeef teknoolojii nu gargaaru dandayu lafaa qabaatuu feena.

Teknolojii Haarayoomsuu fi Woyeesuu – Komputrii dhimma itti baanu hakki iraa caalu sistama bara 1970 waan tayaniif woyeesun akkaan nama dhiba. Haali kun yeroo jijiiramtu waliin deemuu akka hin-dandeene nu-godha, gargaarsa geejiba haarayaa, takkaa teknolojii barmoota woyeesuu hin-dandeenu. Teknolojii qabnu haarayoomsuu dhaaf woyeesuun odeefanoo teknolojii haaraya irratti hundaaye akka jijiirama yer'o waliin tarkaanfatuu nu gargaara.

Hubanoota Sagant'a Godhuu – Maneen Barmoota Siyaatil Sabaa Dhaaba Sagantaa cicimaa lafaa qabu. Haatayuu, haala amma keessa jirru kanaan sagantaa qabnuuf hubanoota barbaachisu godhii dandeetii itti hin-qabnu. Wanni barbaanu karaa sangataan lafaa qabnu hubanee qabeena keenna gama barbaachisuti qajeelchinu dandeenu barbaana. Bara as deeman kaniin, bajata keenna woyeesu ti dabalee, sagantaan keenna bu'a fiduu dandayu'uf dandayuu dhabuu qiyaasuu barbaana. Kun qabeena yertuu qabnu kana bakka baratoota keenna itti fayaduu dandayuti akka qajeelchinu nu gargaara.

Gaafilee Hawaasaf

- Wanni caalatti baratuu barbaadan maali?
- Wanni ifa hin-tayin maali?
- Haali qunamtii isin waliin itti goonu takkaa wal-waliin hoojjanu akkami?
- Wanni nu jala dabre/ jalaa miliqe maal isinitti fakkaata?
- Haala hujjii kana laalchisee wanni isin mirqaanu maali?